



KILINIKA DUBARTOOTAA AFRICA

the women's
the royal women's hospital
victoria australia

Gara kilinika kanaa eenyu dhufa?

Kiinikiin kun dubartoota umrii hundaa, shamarran, ulfa ykn nama guddaa, dhaqna qabatan / kittinnaman (akka aadaatti qaamni hormaataa irraa kutame) fi kan waa'ee kittinnannaa dubbachuu barbaadan fi/ykn akka duraaniitti deebisachuu fedhan hundaa tajaajila.

Akki wal'aansa kanaa jecha dubartootni filatan kan **akka duraaniitti deebisuu** yoo jedhane illee **qaama hormaataa banuu (deinfibulation)** jedhama.

Yoo ulfa taate wal'aansa akka duraaniitti deebisuu kana godhachuu dandeessa, garuu ammoo ulfi kee kan torbanoota 34 hin caalin tahuu qaba.

Wal'aansa baqaqsanii hodhuu (surgical procedure) kan biroo mana fayyaa kanatti hin hojjatnu.

Kiliniikiin kun torban lama lamaan Jimaata ganama jira.

Akkamiin akka si eegnu

Kilinkini Dubartootaa Africa kilinika narsiidhaan kan gaggeessamuufi dubartoota kittinnaan taasisameef ykn akka aadaatti qaamni hormaataa irraa murame nersota deessitoota muuxannoo qabaniin kunuunsi kennamaaf. Nersiin/deesiftuun mana fayyaa waa'ee fayyaa keefi kittinnannaa si waliin dubbatti.

Akkasumas waa'ee wal'aansa kanaa, wal'aansi erga taheen booda jijjiirama sitti dhagahamuufi waa'ee fayyuu si waliin dubbatti.

Narsiin/deesistuun fayyaa, akkasumas waa'ee odeeffannoofi gargaarsa kan biroo waa'ee dhimmoota fayyaa waliin wal qabatan sitti dubbatti.

Hojjettuun Sagantaa Mirga Wal-hormaata Maatiifi Barmootaa (Family and Reproductive Rights Education Program (FARREP) baallama kee irratti si gargaaruuf jiru.


Kaardii Medicare yoo qabaatte tajaajilli tola. Medicare card hin qabdu yoo tahe hojjettuu FARREP itti dubbadhu. (03) 8345 3058 irratti bilbiluufii dandeessa.

Baallama qabachuu

Gara kilinika kana dhufuuf dokotora waliigalaa (GP) kee irraa ergamuu si hin barbaachisu. Baallama qabachuuf (03) 8345 3037 yokan 1800 442 007 (fagoo kan jiraataniif) bilbili.

Baallama qabachuuf gargaarsa barbaadda yoo tahe (03) 8345 3058 irratti FARREP qunnamu.

GP kee waraqaa ittiin si dabarse (03) 8345 3036 irratti fax erguu danda'a.



Baallama kee irratti afaan deebisa/hiikaa ni barbaadda yoo tahe nutti himi.

Interpreter

Baallamoota sadii qabaatta:

- Baallama duraa – si waliin dubbannee waa'ee seenaa fayyaa keetii adda baasanna.
- Baallama lammessoo – bakka duraaniitti deebisuu hojjetna
- Baallam sadeessoo – Maaltu akka sitti dhagahameefi kan akka duraatti deebisame fayyaa jiraachuu isaa ilaalla.

Yeroo tokko tokko bakka duraatti deebisuun baallama kee jalqabaa irratti taasisama.

Baallamoota koo irratti maaltu taha?

Narsiin kilinikaa/deesistuun fayyaa:

- akka duraatti deebisuu gosa kam akka barbaadu beekuufi kittaannaa kee ilaalti.
- waa'ee dhibee fayyaa tarii ati qabdu sitti dubbatama.
- yoo barbaadde akka siif deebiyuuf murteesite fakii kana fayyadamnee yoo barbaadde odeeffannoo siif kenninaa akkamiin akka hojjetamu waa'ee isaa waliin dubbachuu dandeessa.
- akka duraaniitti deebisuutti aansee jijjiirama qaama keetti dhagahamuufi waa'ee fayyuu si waliin dubbatti.
- dhibdee fayyaa kan biroo kan qabdu yoo tahe tajaajiloota kaan akkamiin akka qunnamtu sitti himuu dandeenya.
- wal'aanamtee torban afur booda akkam akka taate ilaaluuf si agarra.

Hojjattuun FARREP:

- Dubartoota kan aadaan kittaannaan yeroo tokko tokko keessatti shaakalamu hundaa gargaarti.
- Baallama kee irratti akka argamtuufi yeroo baallama keetii nersiin waliin jirtu si gargaarti.
- Gargaarsa harka irraa kan akka geejjibaa gara mana yaalaafi gara manaatti si deebisu, oolmaa daa'immanii, nama afaan siif deebisu/hiikuufi tajaajila kan biroo si gargaaru.
- Waa'ee tajaajiloota barbaachisoofi mana yaalaas tahe hawaasa keessa yeroo jirtu akkamiin akka isaan qunnamtu odeeffannoo siif kennama.
- Waa'ee kittaannaa fi seera Victoria keessaa odeeffannoon siif kennama
- Mucaa dubraa keefi siif waa'ee fayyaa odeeffannoon siif kennama.

Akka itti qunnamtu

Hojjetootni FARREP Wixata (Monday) hanga Jimaataa, sa'aa 9 wd hanga 5 wb ni jiru.

B: (03) 8345 3058

E: farrep.program@thewomens.org.au

F: (03) 8345 3053

Ykn giddu-galeessa fayyaa hawaasaa naannoo kee jiru hojjetuu FARREP qunnamu.

Odeeffannoo caaluuf mar-sariitii (website) keenya barbaadi:

www.thewomens.org.au/healthinformation